OROMO

Sadaasaa 11, 2008

Kabajamoota Warraaf Miseensota Warraa,

Dhiyoo kana hawaasa keenna keessatti wal-dhabii dargagoota jiduu taye iraa cinqamuun keessan hin-oole. Cinqii keessan hundi keenna warri Maneen Barmoota Siyaatil Sabaa isin waliin cinqam'a jirra. Wanni isinii mirkaneesu barbaadu gaag'ama geessan-irra gayuuf obsi qabnu hin-jirru. Waraqaa tana wanni isinii barreesuf nagaya baratootaa mana barmootaa keessati eegu dhaaf tarkaanfii fudhat'a akka jirru beekka.

Hawaasa nagaya qabu keessa jiraatuu akka dandayan baratooni keenna hunda keenna iraa eegan. Wanni isin iraa barbaanu baratooni keenna gaag'ama jiruuf ka as deemu himuu akka dandayan akka mirkaneesitan isin iraa eeyna. Baratooni rakkina jiru himuu filatuu iraa uf qabuu dandayan takkaa balaa as deemu himuu dhabuun gadoo isaanitii akka hin-qabaneef, "himtuu" maqaan jedhu akka itti hinbaafne barbaaduu iraa tayutu mala. Dargagooni keenna rakkina jiru akka himan nulee nagaya isaanitiif wal-waliin akka hojjanu isaan jajabeesuu qabna.

Karaan baratooni, warri maat'i fi miseensonni hawaasaa rakkina jiru gabaasuu itti dandayan baay'e dha. Gabaasni kun dadafitti tarkaanfii akka fudhannu fi hala nagaya isaanii mirkaneesu lafa akka kaayannu nu gargaara. Itti dabalee, gaag'ama jiruuf hubanoota barbaachisu goonee warra haali kun laalu akka beeysifnnu nu gargaara.

Filmaatni gabaasa itti galchuun dandayamu:

- 911 yoo galteen galte bilbilchuu dhan takkaa gargaarsa kennuu dhan, atobisa fudhatan dabalee
- Maneen Barmoota Siyaatil Sabaa dame Nagayaa Eegumsaa tif: (206) 252-0707 bilbilchuu dhan
- Poolisa Metr'o tif haala gaag'ama hin-qabneef: (206) 296-3311 bilbilchuu dhan

Maalo ijoolee teessan waliin dubbatuu dhan gaag'ama argan takkaa oduu dhagayan himuun balaa iraa nama akka oolchuu dandayu him'af. Kun osoo namni isaan hin-beeyne hala kaniinitti (asii gadii) gabaasuu dandayan:

- **Bilbilcha haala dhoysaa tayeen gabaasan: (206) 252-0510**
- **Bilbilcha badii haala dhoysaa tayeen itti gabaasan: 1-800-222-TIPS (8477) takkaa (206) 343-2020**
- **Damee Poolisa Siyaatiliif bilbilcha haaala balaa itti dhaaban :**
  1) Barru gama "TIP486"; 2) Dhaamsa keessan barreessaa; 3) Baruu gama "BALAA/CRIMES" takkaa "274637 eergaa." Eega dhaamsi dhaqabe, namni dhaamsa eerge laakoobsa nudhaqabee sakondii 10 keessatti argata/argatti yookin yeroo sanii gadditi odeefanoon nu-dhaqabee argatan.

Warri baratootaa, miseensonni waraa fi warri dhibii ka hawaasa keessa jiraatan haala gabaasaa asii oliititi dhimma bayuu dandayan.

Osoo ijoolen teenna maneen barmootaa keessatti nagayaan akka baratan hojjat'a jiru, rakkini jiru maneen barmootaa tin alatti argama. Dhugaa dubbatuu dhaf, baratooni maneen barmootaa keessatti nageen isaanitii akka dhagayamuu nuu himan, haatayuu mana barmootaa tin alatti nageen akka hin-jirre himan. Rakkini dhiyoo kana gale marti qabeenna maneen barmootaa tin allatti taye. Rakkini galu ilee dargagoota ijoolee barmoota irra hin-jirren hojjatama. Haala dhiyoo tayee Damee Poolisa Siyaatil, damee Paark'i , metro, dhaaba warraa, fi gita miseentota hawaasaa waliin hojjatuu dhan galtee galte irratti tarkaanfii barbaachisu fudhanna. Wal-waliin hojjatuu dhan, haala ijoolee tenna nagaya isaanii itti eeguu dandeennu lafa kaayanna.

Bara kana Dameen Nagayaa Eeyduu teenaa qindoomina haarayaan maneen barmoota gargaar'a jira. Itti dabalee, gargaarsa $500,000 Dameen Nagaya Eeyd'u Barmoota Kurfii keennaa hubatuu dhan nuu late/kenne jira. Horiin kun leenjisa, meeshaa fi gargaarsa maneen barmootaa tif akka goonu nu gargaara. Akkasumatti, gargaarsa fi ittisa nagayaa keennaa sagantaa baruumsaa irra oolchu dhaan baratoota baruumsi koph'a isaan

(Over)

barbaachisu gargaaruu dandeenna. Magaalaa Siyaatil waliin haala ngaeenni itti tiyfamu irratti hojjatuuti jirra.

Haali iraa maay'i/dhumaa ijoolen marti/hundi nagayaan jiraatu mirga qaban. Akka Itti Gaafatamtuu teesanii titi, nagaya ijool'e eegudhaaf odeefanoo tarkaanfii fudhanee isiniin dhaqabsiisu dhaf muranoo qaba. Wanni isin yaachisu yoo jiraate takkaa gaafi yoo qabaatan, maaloo Itti Gaafatamtoota Maneen Barmootaa ijoolee teesanii qunamaa. Tataafii goonu irratti oduu haarayaa web-saayitii keenna irratti: http://www.seattleschools.org/area/m_news/index.dxml. baafna.

Dhugumaan,

Maria L. Goodloe-Johnson, Ph.D.
Itti Gaafatamtuu Iraa Olii

ATTN: 32-150
Seattle School District #1
P. O. Box 34165
Seattle, WA 98124-1165

Non Profit Organization
U.S. POSTAGE
P A I D
Seattle, WA
Permit No. 3904